# Korri Miseensota ABO kutaa Kanaadaa Bitootessa 29-31,bara 2013 magaalaa Edmenteen, Albertaatti qophaa'e milkiin xumuramee jira.

Korri miseensota ABO kutaa kanaadaa bara 2013 Bitootessa 29-31tti , Magaalaa Edementen, Albertaa, konyaaa Gadaa Bilisummaa tti qophaa'e haala gaariin xumuramee jira. Kora kana irratti miseensonni ABO konyaalee kutaa kanaadaatti argaman 9 fi konyaalee haaraa ijaaramaa jiran 3 irraa irratti hirmaataniiru. Korri kun Bitooteessa 29, 2013 waaree booda simannaa dura taa'aa konyaa Gadaa Bilisumma J/Raajiif Guddataan godhameen eegalame. J/Raajiif miseensota kora kana irratti hirmaatuuf argamanii fi keessummaa kabajaa kora kanaa J/ Dr Fidoo Eebbaa MSH-GS ABO Fi gaafatamaa Dantaa Alaa kan ta'an maqaa konyichaa fi kora sanaan erga simannaa godhanii booda Eebbi manguddoo godhamee, dura ta'aan kutaa kanadaa J/Hunde Abubakar kessummaan kabajaa akka seeraan kora kana banan affeeruun korichi keessummaa kabajaa Dr Fidoo Eebban seeraan banamee itti fufe. Sirna baniinsaa kana tti aansuun faaruu alaabaa fi sirba waraaqasaa garee hawwisoo kaalgaarii fi miseensonni hawwisoo WBO duraanii dhiyeessan haalan Kan nama gammachiisuu ture.





**Itti aansuun Gabaasaa hojii fi dinagdee Kutaa Kanaadaa fi konyaalee 9 irraa dhiyaatee karaa Bareessa koree kutaa kanaadaa J/Daraaraa Galataan wal duraa duubaan ibsamee, karaa miseensota koree kutaadhaanis yaadi dabalataa itti kennamuun, miseensonni marii bal'aa fi gamaagama gabaasaa hojii bara darbee erga godhanii boodaa sagalee guutuun raggasiisuun mirkaneessan. Haaluma bu'uura qabameen keessummaan kabajaa kora kanaa J/Dr. Fidoo Eebbaa hojii jarmiyaa alaa , haala yeroo ammaa jiruu fi gabaasaa dhiyaate irratti ibsa bal'aa fi hubannoo dabalataa ijaarsa jarmiyaa ilaalchisee kennan. Hirmaattonni kora kanaas ibsa kennamee irratti yaada dabalataa fi gaaffii dhiyeessatuun, ibsi dabalataa fi deebiin karaa kessummaa kabajaa kora kanaa Dr. Fidoon kennamee, bara haaraa jalaqabame kanattii hojii waggaa darbee karoorfamanii hin hojeetamnii hafanii fi hanqina wal fakkataa kutaa fi konyaalee keessatti mul'atan foyyeesuuf karoora tti qabachuun akka dalaguu qaban mureeteffatuun mariin guyya kanaa goolabame**



**Bitooteessa 30, 2013 ganama ibsa haala yeroo fi dhimma belbeltuu ta'ee jiruu irratti karaa bakka bu'aa dhaabaa kessummaa kabajaa Dr. Fidoo Ebbaa dhiyaatee turee mariin guyyaa kanaa kan eegalamee. Dr. Fidoon jaarmiyaa alaa keessattii hojiilee gurguddoo fardiin hojjetamuu qaban, sochii biyya keessaa karaa QEERROO godhamaa jiruu, haala ummataa biyya keessa jiruu, haala mootummaa wayyanee yeroo ammaa, dhimma Araaraa fi wal hubannoo moonaa qabsoo bilisummaa Oromoo gabbisuuf godhamee ilaalchisee, hojii diploomaasii gabbisuu fi sochii WBO haalaan erga ibsa ga'aa kennanii booda hirmaattonni yaada itti kennachuun mariin waaree duraa xumuramee. Guyyaa kana waaree booda akkuma sagantaa qabameen marii fi yaadannoo guyyaa gootootaa hawaasa magaalaa Edementeen fi naannoo isaa waliin geggefatuu waan ta'eef waaree booda mariin hawaasaa kun simannaa hirmaattotaaf karaa dura taa'aa hawaasa magaalaa Edmeenteen Obbo Badrii Kabiiraan turee kan eegalame. Simanna hirmaatootaaf godhameen booda yaadannoon jaallan wareegamaniif godhamee, hawwisoon kaalgaarii fi miseensonni WBO duraanii faaruu alaabaa fi dhaamsa jaallan wareegaman dhiyeessan. Miseensonni WBO duraanis dhaamsa isaanii keessatti jaallan qaqalii wareegaman guyyaa yaadannoo goototaa kana yaadatuu qofaa osoo hin ta'iin kaayyoo ganama isaan itti wareegaman galmaan ga'uuf hunduu gumaacha irra barbaachisuu raawachuu akka qaban dhammatan. Itt fufuun Bakka bu'aan dhaabaa Dr. Fidoo Eebbaa ibsa dhaabaa haalaa yeroo irratti hawaasaa marii kana irratti hirmaateef kennan, hawaasni marii kana irratti hirmaatees yaada fi gaffii fi deebiin hirmaachuun waan dhaaba isaa ABO irra hubatuu qabuu kaasuun deebii ga'aa karaa bakka bu'aa dhaabaa argataniiruu. Keessumaa haawaasni marii kana irratti hirmaate sochiin moonaa qabsoo bilisummaa oromoo cimsuuf godhamaa jiruu cimee itti fufuu akka qabuu fi haala farreen QBO godhaa jiranitti haamiileen nama bu'uu dhiisee hiree tokkicha bilisummaa saba oromoof ABO cinaa dhabatuu akka qabuu waadaa galuun gummaacha WBO cimsuuf sagantaa gumaataa qophaa'ee irratti hirmaanna guddoo godhuun tumsa QBO qaban argiisiisanii jiru.**





**Sagantaa gumaataa kana irratti hirmaannaan karaa miseensotaa fi hawaasaa godhamee haalan gammachiisaa ture. Gidduu giddu sagantaalee kanaatti hawwisoon kalgaarii fi miseensonni WBO duraanii dhaamsa hawaasaaf dabarsaa hirmaatota bohaarsaa turan. Itti fufuun haala dhiitta mirga dhala namaa keessumaa oromoo irraan ga'aa jiruu ilaalchisee marii hawaasaa kana irratti kan hirmaatan Daarkteerri Liigii Mirga Dhala Nama Gaanfa Afriikaa Obboo Garoomaa Waqeessaa fi Boordiin dhabbatichaa pasteer Shamsaddin Abdoo ibsa suuraan deggeramee kennuun gochaa sukkanneessa oromoo irraa ga'aa jiruu hawaasa hirmaatan hubachiisaniiru.Hirmaattonnis sochii liigiin kun keessaayyu deggersa baqattoota biyya ollaa keessa jiraniif godhaa jiru dinqisiifachuun waan barbaachisu hundaanuu bira dhaabbatuu akka qaban waadaa galaniiru. Guyyaama kana galgala wallistoota Oromoo bebbeekamoo Saliha Sami, Elemoo Ali, Habatamuu Lamuu, Amartii Waarii, Haydeer Qeerroo, Callaa Carcar, Gammachiiftuu Urfoo fi gartuu hawwisoo Kalgaarii waliin halkan oromoo qophaa'ee irratti hawaasni naannichaa fi hirmaatonni kora kanaa irratti hirmaatuun sagantaan bashannanaa haalaan gammachiisaa ta'e geggefameera. Sagantaa kana irrattis sabaa fi sablammootiin adda addaa fi kanneen biroo affeeraman waliin hirmaatanii gammachuu qaban ibsataniiru.**

**Korri kun bitooteessa 31, 2013 itti fufuun miseensonni ABO kutaa kanadaa hoggana dhaabaa olaanaa Dr Fidoo Eebbaa waliin marii bal'aa godhan. Guyyaa xumuraa kana irrattii gamagama gabasaa wagga darbee fi haala yeroo ammaa irratti hundaa'uun hojiilee fardii irratti xiyyeeffatmuu qaban tarreessuun bara kanattii haala kamiin hojii milkaa'ina qabuu dalaguun danda'amu irratti bal'inaan marii'atame. Akkasumas Yeroo dheeraa fudhachuun tarsiimoo qabsoo keenyaa fi haala yeroo amma irratti yaadni ijaaroo ta'an itti kennamanii keessummaa kabajaan hubannoon dabalataa bal'aa itti kennamuun mariin firi qabeessa ta'ee godhameera. Miseensonni dhaabaa kora kana irratti hirmaatan haala yeroo ammaa ololamaa jiruun duubatti kan hin jennee fi yeroo kamuu caalaa kaayyoo QBO ganamaa galmaan ga'uuf dhaaba isaanii ABO bira dhabchuuf waadaa galuun ibsa eejjennoo qabxii 10 of keessa qabuu baafatuun korri kun milkiidhaan xumurameera.**



https://www.youtube.com/watch?v=hsNuqc1_tGY&feature=youtube_gdata_player

**<u>IBSA EJJENNOO MISEENSOTAA ABO FI DEGGERTOOTA ABO KUTAA KANAADAA</u>**

1. **Nuti miseensotnii ABO fi deggertootni ABO Biyya Kanaadaa keessa Jirru, Daandii qabsoo bilisummaa abbootiin keenya kaleessa dhiigaa fi lafee isaaniin taraaranii xurree bilisummaa nu garsiisan nuti dhalootni har`a jirru wareegama qabsoon nu gaafattu kamuu itti kitimnee qabsoo bilisummaa akka fiixaan baafnu shakkii tokko malee kora kanarratti lammii keenya ummata Oromoo bal`aaf waadaa keenya irra deebinee ni haaromsina.**
2. **Tarkaanfii WBO diinarratti fudhataa jiru kan lammii boonsee fi diina**

**waaroo salphinaa aguugachiise ta`uu gammuchuu keenya ibsachaa, WBO bira Waan dandeenyu maraan bira ni dhabanna.**

3. **Sochii diddaa gabrummaa QEERROO fi uummatni keenya biyya keessaa godhaa jiru ni deggerra, tumsa barbaachisu mara ni raawwnna.**
4. **Akeekaa fi kaayyoo ABO jalqabaa, " Bilisummaa saba Oromoo fi walabummaa Oromiyaa" gootot ni Ilmaan Oromoo Kumaa fi kitilaan itti wareegaman shakkii tokko malee bakkaan ni geenya! Gumaa Gootota keenyaas qabsoon ni baafanna! Akeekaa fi kaayyoo Itiyoophiyummaa fudhachiisuuf Ummata keeny aafaan faajjessaa jiran kana, nam-tokkeen ta`e gartuun raawataa jiran dura dhabanna.**
5. **Maqaa Inveestimentiin Biyyootni adda addaa mootumaa gabroofataa waliin wal ta`uun qabeenya biyya abbaa keenyaa Oromiyaa saamaa fi qircachaa, akkasumas uummata keenya qe'ee isaa irraa buqisaa jiran kana irraa akka of qusatan maqaa hawaasa Oromoo fi dhaaba keenya ABOtiin ni akeekkachiifna.**
6. **Mootummoonni gurguddoo haala adda addaan mootummaa abbaa hirree Wayyaanee gargaaraa jirtan, deggersi taasifamaa jiru kan uummattootni biyyichaa ittiin hidhamaa fi dararamaa jiran malee kan misooma dhugaaf oolu sababaa hin ta'iiniif gargaarsa godhaa jirtan akka keessa ilaaltanii fi akka irraa dhabbattan ni gaafanna.**
7. **Dhaabni keenya ABO Mooraa QBO gabbisuu, jabeessuu fi damboobsuuf araara qaamotii ABO fi jaarmiyaalee garaa garaa waliin godhaa turee fi itti jiru daddaffiin xumuree, xiyyeeffannoo diina keenya irratti qabnu akka daran jabbeessinu ni dhaammanna. Fiixa ba'insa kanaafis waan nu irraa eegamuun bira ni dhaabbanna.**
8. **Gochaa baqattoota Oromoo irratti mootummaa Wayyaaneen biyyoota olla keessatti raawwatamaa jiru ni balaaleffanna, biyyootni ollaa keenyaas gochaa kana irraa akka of qusatan ni gaafanna.**
9. **Ilmaan Oromoo kanneen haala addaa addaan mootummaa gabroofataa waliin ta'uudhaan uummata keenya irratti hojjetaa jirtan yeroodhaan qabsoo saba keessaniitti fuula gara galfachuudhaan gaaffii seenaa jalaa akka of baaftan waamicha lammummaa isiniif dhiheessina.**
10. **Mootummootni Addunyaa fi hawaasni addunyaa kanneen mirga dhala naamaf daabbattanii fi falmitan, miidhamuu fi hidhamuu, sarbamuu mirga namoomaa fi iraarfamuu, waxalamuu fi ajjeefamuu ilaamaan Oromoo irratti raawwatamaa jiru kanaaf akka nuuf dirmattanii fi gargaarsa barabachisu akka nuuf gootan maqaa hawaasa Oromoon jabeesinee isin gaafanna.**

**Injifannoo Ummata Oromoof!**
**Miseensota ABO fi deggertoota ABO kutaa kanaada**
**Bitootessa Bara 2013**